# Opporesshinii karoorfame

## Gaaffiiwwan yeroo baay’ee gaafataman

the women's
the royal women's hospital

**Opporeeshinii (baqaqsanii hodhuu) dura waan baay’ee irratti yaaduu qabna. Odeeffannoon kun gaaffilee waliigalaa waa’ee Opporeeshinii (baqaqsanii hodhuu) – beellamni opporeeshinii akkamitti akka qabamu, maal gara hospitaalaa fiduu akka qabdu, guyyaa sanatti maal akka eegdan, fi yoo karoorri kee jijjiirame maal gochuu akka qabdu ibsa.**

### Opporesshinii duratti – fuulduratti karoorfachuu

**Gaafii. Boqonnaa bahuuf karoorfadheen jira. Maal gochuu qaba?**

**Deebii. Hopitaala dubartootaatti** Narsiin sababa kamiifuu opporeeshinii irratti argamuu yoo hin dandahin beeksisaa. Tarree eeggattootaa (waiting list) irraa hin kaafamtan, garuu yeroo kana keessatti “Namni kuni ammatti kunuunsaaf qophaa’aa miti” jennee akka si galmeessinuuf nu beeksisuu qabda.

**Gaafii. Namni kuni ammatti kunuunsaaf qophaa’aa miti jechuun maali**

Jireenyi ni ta'a - akka hojii irraa boqonnaa bahuu, hojii ykn barmoota. Yoo ammatti opporeeshinii gochuuf qophee hin taane, akka yeroon isaa dabarfamu gaafachuu dandeessa. Kuni namni kuni ammatti kunuunsaaf qophaa’aa miti jechuudha.

Garuu narsii kee hubachiisi. Opporeeshinii kee irratti hundaa’uun, hammanaaf turiisuu dandeessa:

- Ramaddii (Category)1 – hanga guyyaa 30
- Ramaddii (Category)2 – hanga guyyaa 90
- Ramaddii (Category)3 – hanga guyyaa 180

Yeroo kana keessatti, bakki kee tarree eeggattootaa irratti bakkuma duraarratti isiiniifisi tura. Yeroo lama akka tursuu siif godhan gaafachuu dandeessa, yeroon isaa kan armaan olitti eerame keessatti kan galu yoo tahe.

Odeeffannoo gosa ramaddii keessanii xalayaa yeroo tarree eeggattootaatti (waiting list) irratti galmooftan isiniif ergine irratti argachuu dandeessu. Yoo xalayaan keessan dhabdan, maaloo (03) 8345 3335, wiixataa hanga Jimaataatti, ganama 8:00 am hanga 4.30pm bilbilaa.

**Gaafii. Opporeeshinii koo hospitaala biraatti godheera. Maal gochuu qaba?**

**Deebii.** Opporeeshinii bakka biraatti godhattee jirta yoo tahe narsii kee hubachiisi. Galmee keenya haaromsuu akka dandeenyuuf maqaa hospitaalaa fi guyyaa opporeeshinii ni gaafanna.

**Gaafii. Mana jijjiiradhee jira yookiin odeeffannoo koo haaroomsuu barbaada. Eenyutti himuu qaba?**

**Deebii.** Yoo odeeffannoon keessan kan akka teessoo, lakkoofsa bilbilaa, iimeelii, ykn fira dhihoo jijjiirame, garee baqaqsanii karoorfame (Planned Surgery team) qunnamaa.

Maaloo (03) 8345 3335, wiixataa hanga Jimaataatti, ganama sa’aatii 8.30 hanga galgala sa’aatii 4.00tti bilbilaa.

## Beellama opporeeshinii kee qabachuu

**Gaaffii. Beellamni kiyya kan opporeeshinii yoom qabama?**

**Deebii.** Opporeeshiniidhaaf guyyaan (yeroon) banaan yeroo argametti bilbila isinii bilbillee ykn ergaa barreeffamaa isiniif erginee isin beeksifna Xalayaa hin erginu.

Yommuu opporeeshiniin kee mirkanaa'u, imeelii siif ergina. Yoo teessoo imeelii hin qabaanne immoo, xalayaa siif ergina.

**Gaaffii. Affeerraan Opporeeshinii sirnaan kennamuu (formal offer of surgery) jechuun maali?**

**Deebii.** Opporeeshinii sirnaan kennamu jechuun guyyaan opporeeshiniin itti godhamuuf karoorfame duratti torbee 2 olitti dursanii beeksisuu jechuudha. Argachuu dandeetta:

- Sirnaan carraan kennamuu (formal offers) yeroo 2, yookiin
- Yoo kanaan dura carraa **Namni kuni ammatti kunuunsaaf qophaa'aa** (Not Ready for Care time) ta'e filatte immoo filannoon Sirnaan carraan kennamuu (formal offer) yeroo 1tu siif kennama.

Yoo carraa opporeeshinii kana fudhachuu hin dandeenye, tarree eeggattootaa (waiting list) keessaa si baasnee opporeeshinii didde jennee si galmeessina.

**Gaaffii. Affeerraan Opporeeshinii yeroo gabaabaatti kennamuu (short notice offer of surgery) jechuun maali?**

**Deebii.** Kuni jechuun guyyaan opporeeshiniin itti godhamuuf karoorfame irraa torbee lamaa gaditti yoo isin beeksifne jechuudha. Beeksisa gabaabaa fudhachuu hin qabdan Beeksisa gabaabaa fudhachuu yoo dhabdan galmee eeggattootaa keessatti bakki keessan isinirraa hin tuqamu.

## Hospitaala dhaquu

**Gaaffii. Geejjiba naaf qindeessituu?**

**Deebii.** Lakki, Geejjiba siif jhin qindeessinu.

Karoora imala mataa keetii gara hospitaalaa fi deebi'uu si barbaachisa. Maaloo miseensa maatii, hiriyyaa, guddiftuu, ykn hojjetaa deggersaa akka gargaaru gaafadhu. Yeroo opporeeshinii keetii hospitaala turuun isaan hin barbaachisu. Garuu yoo barbaadan, kutaa boqonnaa sadarkaa 1ffaa The Women's (hospitaalicha kanaa), yookiin Welcome Center Ground Floor (sadarkaa lafaa) irratti argamu, ykn kaaffee dhiyoo jiran keessaa tokko keessatti eeguu danda'u.

Geejjibaa uummataa, taaksii ykn Raayid sheerriidhaan gara hospitaalaatti imaluu fi deebi'uu dandeessu. Garuu qoricha dhukkubbii qaama guutuu hanbisu yoo fudhatte, namni si bira jiraatuun dirqama manaatti yeroo galtu

Waa'ee filannoo geejjibaa odeeffannoo dabalataa marsariitii keenya irraa argachuu dandeessu: thewomens.org.au/patients-visitors/your-visit/transport-parking

**Gaaffii. Fagoo yoo jiraadhe hoo?**

**Deebii.** Maatii ykn hiriyoota Melbourne keessa jiran yoo qabaattan isaan bira turuu yaadaa. Filannoowwan bakka bultii naannoo marsariitii keenya irrattis argachuu dandeessu:

thewomens.org.au/patients-visitors/your-visit/accommodation-options

**Halkanopporeeshinii koo dura hospitaala seenaa?**

**Deebii.** Miti. Kuni kan ta'u haala baay'ee xiqqaa ta'een yeroo waldhaansaaf barbaachisummaa isaa muldhate qofa. Narsiin kee yoo kuni uumame haala siif mijeessiti

## Guyyaa saniif qophaahuu

**Sa'atii meeqatti dhufuu qaba?**

**Deebii.** Torbaan opporeeshinii kee duraa keessaa guyyaa dalagaa irratti ergaa barreeffamaa siif ergina. Sa'aatii meeqatti akka dhuftu fi yoom nyaachuu fi dhuguu akka dhiiftu sitti hima.

**Gaaffii. Maal fiduu qaba?**

**Deebii.** Wantoota asii gadii kana fidi

- Medicare card kee-yoo hin qabaanne (03) 8345 3012 bilbili
- health care card, yoo qabaatte
- kaardii Insuraansii Fayyaa (Health Insurance card), yoo qabaatte
- qoricha fudhachaa jirtu hundaa, kan aadaa ykn vitaaminii dabalatee
- waan dubbistu
- bilbilaa fi chaarjii keessan
- uffata laaftuu fi mijataa ta'e
- manzaraa (manaatsirii), yoo kaayatte
- Maashinii CPAP (haaraa qulqullaa'e), yoo barbaachise
- boorsaa xiqqaa zipii qabu uffataa keefi meeshaalee biroof oolu.
- Qaruuraa bishaanii irra deebisanii fayyadamuun danda'amu

Opporeeshinii kee dura, faayaalee fi pirsingiiwwan hundumaa of irraa baasi. Maaloo meeshaalee gatii qaban mana keetti dhiisi.

**Gaaffii. Laguu baatii (Period) irra yoo jiraadhe opporeeshinii godhachuu ni danda'aa?**

**Deebii.** eeyyee Maaloo paadiiwwan qulqullinaa ykn uffata jalaa laguu baatii fidaa. Taampoon ykn koppaayyaa laguu (menstrual cups) hin fayyadaminaa.

## Guyyaa sanitti

**Gaaffii. Guyyaa baqaqsanii hodhuu eenyuun arga?**

Miseensa garee baqaqsanii hodhuu, hakiima qoricha qaama hadoochu (dhukkubbii hanbisuu) fi narsoota baqaqsanii hodhuu waliin wal argita.

**Ofii kootii fi kunuunsitoota (nama si qarqaaruuf) xalayaa ragaa yaalaa (medical certificate) argachuu danda'aa?**

**Eeyyee** Maaloo guyyaa opporeeshiniitti garee wal'aansaa keessanii gaafadhaa.

**Gaaffii. Hospitaalicha keessaa eessatti qorichoota koo fudhachuu danda'a?**

Deebii. Qorichoota kee Faarmaasii Hospitaala Royal Women's (Royal Women's Hospital Pharmacy) kan Level 1 irratti argamutti fudhachuu dandeessa. Qorichoota hundumaatiif guyyuma sanatti kaffaltii raawwachuu qabda.

## Opporeshinii booda

**Gaaffii. Hojii irraa boqonnaa meeqatu na barbaachisa?**

**Deebii.** Kuni kan irratti hundaahu opporeeshinii kee, fayyumsa kee, rakkoolee uumamuu dandahan fi gosa hojii ati hojjettuu. Narsiin yoo oddeeffannoo dhimmoota kana irratti barbaaddan isin qarqaarti. Guyyaa baqaqsanii hodhuu kee, hakiimni kee yeroo hojii irraa boqonnaa argachuuf ragaa wallaansaa siif kenna. Odeeffannoo dabataa yoo barbaadde, Diktora keetti dubbadhu.

## Tajaajila deeggarsaa

**Deeggarsa dabalataa yoo na barbaachise hoo?**

**Deebii.** Mee nuuf himaa yoo:

- qaamaan miidhamaa yoo taatan
- afaan hiikaa ykn deeggarsa aadaa biroo barbaaddan.

Waa'ee tajaajila deeggarsa keenyaa caalaatti baruuf marsariitii keenya daawwadhaa: thewomens.org.au/patients-visitors/clinics-and-services/support-services

## Turjumaana si barbaachisa?

Turjumaana yoo barbaaddeb gaafachuu dandeessa.

## Deeggarsa Jeequmsa Maatii (Family Violence Support)

### 1800 Respect National Helpline (Sarara Gargaarsa Biyyaalessaa Kabaja)

Yoo miidhaan saalaa, jeequmsa maatii ykn doorsifamte gargaarsa argachuu dandeessa Guyyaa yookiin halkan sa'aatii kamiyyuu bilbilu ni dandeessa.

1800 737 732

1800respect.org.au

**Hubachiisa:** Galmeen kun odeeffannoo waliigalaa qofa dhiyeessa. Waa'ee fedhii kunuunsa fayyaa keessaniitiif gorsa addaa argachuuf, ogeessa fayyaa keessan irraa gorsa argachuu qabdu. Hospitaalli Royal Women's Hospital kasaaraa yookiin miidhaa odeeffannoo kana irratti hundaa'uun dhufuuf itti gaafatamummaa hin fudhatu. Gargaarsa hatattamaa yoo barbaaddan, kutaa balaa (emergency) naannoo kee jiru quunnami.

© The Royal Women's Hospital 2026.